UK Asylum Information | Last updated: 24 March 2023 | Oromo

# 2 Abukaatoo immigireeshiinii barbaaduu

## Biyya UK

Biyya UK keessatti koolugaltummaaf kan iyyattu taanaan tarkaanfiin bayeessi inni duraa abukaatoo gaarii daddaffitti barbaaduudha. Abukaatoo bilisaan karaa 'legal aid' dhaan barbaaduu dandeetta. Haa ta'uu garuu sababa nama hundaaf abukaatoon hin jirree fi abukaatoon hundi gaarii hin ta'iniif argachuun yeroo hunda salphaa miti.

Haala abukaatoo argachuun danda'amu irratti kanneen armaan gadii ilaali:

Gara marsaaritii **https://find-legal-advice.justice.gov.uk/,** seenuun, tessoo poost koodii 'post code' kee itti galchuun gingilchi itti aansuun isa "immigration and asylum" jedhu cuqaasi.

Giddu gala gorsa seeraa sitti dhihoo jiru kan gorsa, gargaarsaa fi bakka bu'ummaa seeraa dhunfaa fi akka gareetti argattu barbaadi.
**https://www.lawcentres.org.uk/about-law-centres/law-centres-on-google-maps/geographically**

Dhaabbata sitti dhihoo jiru kan gorsa seera fi gargaarsa kennu ykn bilbila bilisaa gorsa kennu barbaadi. **"asylum/migrant support" jechuun barbaadi + maqaa magaalaa** jirtuu itti galchuun sarara irratti barbaadi.

Dhabbata akka **Care4Calais (+44 7519 773268)** qunnamuudhaan abukaatoo barbaaduun akka si gargaaran gaafadhu; dhaabilee qunnamuun qofti abukatoo argachuu keef wabii hin ta'u.

Hiriyyoota, maatii fi namoota hoteela ati jirtu qubatan akka isaan abukaatoo cimaa qabaachuu isaanii gaafadhu.

---

**Asylum Aid'** Karaa bilbilaatiin gorsaa seeraa si'a tokko, bilisaan, karaa iccitiin eeeggameen ni kennu: Wiixata 2.00pm hanga 4:30pm fi Kamisa 10.00am hanga 12:30pm. Lakkofsa **+44 2073 549264** bilbiluun qunnamuu dandeetta.

---

**Right to Remain gargaarsa seeraa bilisaa 'Legal Aid' ilaalchisee (bilisaan abukatoo akkamitti argachuun danda'ama) kan jedhu irratti yaadannoo qopheesse:**

> *Gargaarsi seeraa bilisaa 'Legal aid' namoota galii xiqqaa qaban ykn mallaqa hin qabne akka bilisaan tajaajijila gorsa seeraa argatan kan gargaaruudha. Mootummaan dhimma kanaaf mallaqa ramada, mallaqni kan kafalamus kallattiidhaan abukatoo gorsa seeraa kennuuf kan kafalamu ta'a. Abukatoon 'legal aid' Hoom Offis dhaaf hin hojjatu. Yeroo tokko tokko namoonni gargaarsa seeraa bilisaa yeroo argatan, abukatoon sun akka laafaa ta'etti, akka abukatoo kallattin dhuunfaaf kafalametti gaarii miti yaada jedhu qabu. Akka muuxannoo keenyatti, abukatoolen ciccimoon dhimma mirga dhala namaa, koolugaltummaa, immigireeshiinii irratti hojjatan worruma 'legal aid' hojjatuudha. abukatoota legal aid fi dhuunfaan hojjatan ilaalchisee Kenninsi tajaajilaa adda adda ta'a. Hanga danda'ameen adeemsa seeraa hubachuun bayeessa, kunis abukaatoon kee sirnaan dhimma kee akka oofaaru beekuuf si gargaara.*

Odeeffannoon armaan olii kun kan Right to Remain Toolkit irrayi; marsaariitii odeeffannoo koolugaltummaa biyya UK barbaachisoo ta'an afaan gara garaan qophaaheedha. https://righttoremain.org.uk/toolkit/ irratti ni argama.

**Yaadannoo**

Yeroo tokko tokko namoonni sababa dhimmi iyyata koolugaltumma arifachiifna jedhuun xalaya gara Home Office barreessuudhaaf iyyattoota irraa mallaqa gaafatu. Inni kun haxxummaa dha, mallaqa kee kennuufin sirra hin jiraatu. Legal aid ogeessa afaan hiikuuf mallaqa kan kafalu ta'a. Ogeessa afaan hiikuuf kafaluun sirra hin jiru, ufii keetis ogeessa afaan hiiku fiduu hin dandeettu. Biyya UK keessatti abukaatoo argachuun ulfaatuu fanda'a. Kanaafuu ragalee abukatoo barbaadde dhabuu kee agarsiisu kan akka ergaa whatsaappii, iimeelii, bilbilaa fi kkf qabaachuun bayeessa.

CHANNEL INFO PROJECT

Refugee Legal Support

**Disclaimer:**
This translation is not certified and has been produced using information from the original English and French documents.